Sirni Beekamtii Qooda Fudhattoota Barnootaa Gaggeeffame

Sirni beekamtii qooda fudhattooota barnootaa haala ho'aa ta'een gaggeeffamee jira. Sirni kun waajjiraalee bar.godinaa, bul.magaalaalee, dhaabbilee miti-mootummaa, abbootii qabeenyaa hojii misooma barnootaa keessatti qooda guddaa qaban akkasumas barsiisota hojii boonsaa hojjechuun bu'aa argamsiisan fi barsiisota hojii barsiisummaa irratti bobba'anii barsiisaa turanii yeroo ammaa soorama bahuuf qoophiirra jiran beekamtii fi badhaasa kennuun gaggeeffamee jira.

Hojiileen akka fakkeenyaatti hojjetaman keessaa hojii tola ooltummaan kan akka daree dabalataa 34,000 ol ijaaruu, projektii "Ifa Boru"walumatti manneen barnootaa 147, Kitaaba Gadaa qopheessuun kutaa 1-8ff^{tti} barattoonni akka baratan gochuu, Afaanota naannolee ollaa jiran barattoonni akka baratan gochuun;

fkn: Afar Af, Sidaamu Afoo, Afaan Somaalee akka fakkeenyaatti kanneen tuqamanidha. Gara biraan hojiin tola ooltummaa

Sirna beekamtii kennuu kana irratti prezidaantiin Bul.Mot.Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa dabalatee hoggantoonni biiroo barnootaa nnaannolee, prezidaantoonni Yuunivarsiitii naannoo Oromiyaa fi seektaroota gara garaa bakka argamanitti sirni badhaasaa fi beekamtii kennuu raawwatee jira.

Bu'uuruma kanaan gumaacha Obbo Shimallis Abdiisaa Prez.Bul.Mot.Naannoo Oromiyaa hojii barnootaaf xiyyeeffannoo addaa kennuun hojiin dhaloota qaroomsuu hojii bakkka bu'ummaa hin qabne ta'uu hubachuun waan milkeessaniif Hoogganaan Biiroo Barnootaa Oromiyaa Dr. Tolaa Bariisoo Ambaasaaddara barnootaa jechuunis galata guddaa galchanii jiru.